# Namni ummata wohiitti fakkaate inni isaan irraayi

Ibnu Umar irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: "Namni ummata wohiitti fakkaate inni isaan irraayi".

[hasani] [abuu daawudiifii ahmad odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni ummattootatti fakkate kaafiroota irraa ta'anus yookaan finciltoota irraa ta'anus yookaan gaggaarii irraa ta'anus, aqiidaa yookaan ibaadaa yookaan aadaa irraa waan adda isaan godhu wahii hojjachuun namni isaanitti fakkaate inni isaan irraa akka ta'e himani; alaan jaratti fakkachuun keessaan gara jaratti fakkaachuutti waan nama geessuuf jecha, ummata wahiitti fakkachuun jara dinqisiifachuu irraa akka maddu mamiin hin jiru, kun gara jara jaallachuu, kabajuu fi gara jaraatti dabuutti geessuun isaa ni mala, kun immoo -Rabbiin nu haa eeguutii- keessoottii fi ibaadaadhaan gara jaratti fakkaachuutti nama gessuu isaatu mala -

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/5353